

Xiinxala Walaloowwan Sirboota Siyaasaa Oromoo Bara 1991-2018 ALA'tti Sirbamanii Ija Yaaxxina Hawaasummaatiin

Ilfinash Qinaaxxii 1 *, Ashannaafii Balaay 2*, Waaqtolaa Waaqjiraa 3*

1* Yuunivarsiitii Wallaggaatti Dhaabbata Qorannoo Afaaniifi Gaazexeessummaa

E-mail: Kinatiterfa2000@gmail.com

2* Yuunivarsiitii Jimmaatti Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namummaa

E-mail: hireebirraa@gmail.com

3* Yuunivarsiitii Wallaggaatti Dhaabbata Qorannoo Afaaniifi Gaazexeessummaa

E-mail: waktolawakjira@gmail.com

AXAREERA

Qorannoon kun Xiinxala Walaloowwan Sirboota Siyaasaa Oromoo bara 1991 – 2018'titti sagalee fi suursagaleen maxxanfamanii sirbamaa turan xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatedha. Mata duree kana irrattis akkan hojjedhuuf kan na kakaase, qaawwa qorannoo sakatta'an taasisa irraa natti mul'atedha. Innis, hojiileen ogbarruu barreeffamaa keessaa walaloo sirbootaa irratti hanga yoonaatti hojjetaman hedduu muraasa ta'uufi bal'inaafi gadfageenya kan hinqabne ta'uusaa yemmuu ta'u, addumaan ammo sadarkaa digirii sadaffaatti hanga yoonaatti waan hojjetame kan hinjire ta'uu isaati. Kaayyoon Qorannichis Walaloowwan Sirboota Siyaasaa Oromoo bara 1991 – 2018'titti sagalee fi suursagaleen maxxanfamanii sirbamaa turanii xiinxaluudha. Qorannichis ilaalchawwan sadan yaaxxina hawaasummaa keessaa ilaalcha diddaa fi kallattii ilaalchaa fakkoommii bu'uureffachuun kan geggeeffamedha. Maddi ragaalee qorannichaa madda ragaa tokkoffaa yemmuu ta'u, innis walaloo sirboota siyaasaa Oromoo bara 1991 – 2018 keessa maxxanfamanii sirbamaa turaniiti. Walaloon sirbootaa kanneenis mala iddatteessuu miti carraa keessaa mala akkayyoo fayyadamuun sirboota baaqqee sagalee fi suursagaleen maxxanfamanii sirbamaa turan keessaa kan artistoota shaniitu filatame. Ragaaleen qorannichaa mala sakatta'a dookimentitiin erga funaanamanii booda dhimma hawaasummaa isaan xiyyeeffataniin garee garaa garaatti qoqooduun mala xiinxala akkamtaatiin xiinxalamaniiru. Xiinxala geggeeffame irraa artistoonni Oromoo dhiibbaa gama siyaasaatiin sirnichaana ummata Oromoo irra ga'aa ture keessaa: jaar Miyaa siyaasaa Oromoon diiguun dirree siyaasaa irraa fageessuu, akkasumas, ummanni Oromoo mirga abbaa biyyummaa isaa irratti falmii inni taasisaa ture kan ibsu ta'uusaa hubachuun danda'ameera. Kana malees, haala jiruu fi jireenyaa itti hadheessuun godaansaaf saaxiluu, gaaffii ummata ukkaamsuu, sodachiisuu, hidhuu fi ajjeessuun dararaa kan ture ta'uun isaa hubatameera. Addumaan ammoo, sirnichi bifa qindaa'een maqaa magaalaa Fifinnee babal'isuu jedhuun Oromoo qabiyyee lafa isaa irraa buqqisuun qabeenyaa fi lafa isaa saamuun jireenya hiyyummaa fi gadadootiif kan saaxile ta'uu isaa, xiinxala geggeeffameen bira ga'ameera.

Jechoota Ijoo: Sirba, Siyaasa, Hawaasummaa, Dinagdee

SEENSA

Ogwalaloowwan unka sirbaa qaban dhimmoota hawaasaa kanneen akka siyaasaa, dinagdee, eenyummaa, ilaalcha addunyaafi dhimmoota aadaafi safuu hawaasaa waliin walqabatan waan ibsaniif eenyummaa hawaasaa ibsuuf oolu. Akka Rosenthal & Flacks, (2012:94) ibsanitti miseensonni hawaasaafi namootni hawaasti garagaraa akka tokkummaa waloo uuman ni taasisa. Sirboonni haala yeroo irratti yaada kennuuf, dhiibbaa siyaasaaf, hawaasa dadammaqsuuf akkasuma ilaalcha hawaasaa ibsuu fi sirreessuuf gargaaruun alatti tokkummaa biyyaa eeguu keessatti qooda guddaa qabu. Akka Finnegan (1970:265) jettetti ammoo sirbi dhaabbilee siyaasaa Afriikaa keessatti walquunnamtii siyaasaa, dhiibbaa siyaasaafi barnoota siyaasaa keessatti akka dadammaqsituutti fayyada.

Sirnoota walqixxummaan keessatti hin mul'anne ifatti mormuu fi yaada qaban bilisaan ibsachuun hin danda'anne keessatti, sirba faayyadamuun dhugaa jiru ibsachuuf karaa itti danda'amudha. Artistoonni walaloo sirbaa gargaaramuun wantoota namatti dhagahaman hunda ibsu, deeggersa yookaan qeeqa, gammachuu, gadda, roorroo, walabummaafi kkf hammachuun bifa nama hawwatuun dhiyeessuun ergaa seenaa, siyaasaa, dinagdee, jaalalaafi kkf dabarsu dha (Tuohy: 1991). Sirbi haala yeroo irratti yaada kennuuf, dhiibbaa siyaasaaf (political pressure), hawaasa dadammaqsuuf, akkasumas, ilaalcha hawaasaa ibsuu fi sirreessuuf gargaara. Kana malees, haala garaagaraa keessatti tokkummaa biyya tokkoo eeguu keessatti qooda guddaa qaba (Finnegan, 1970: 272).

Sirbi meeshaa hawaasni tokko ittiin seenaa, siyaasa, aadaa, dinagdee, jaalala, tokkummaa, miidhaa fi quuqaa isaa ittiin ibsatudha. Akkasumas, haala jiruufi jireenya ummata tokkoo yeroo itti barreeffamee ykn sirbame keessa kan mul'isudha. Sirbi Jiruufi jireenya ummata Oromoo keessatti iddoo guddaa qaba. Sirba gargaaramuun gaddaafi gammachuusaa, jibbaafi jaalalasaa, dhabuufi argachuusaa, roorroofi birmadummaasaa ibsata. Keessumattuu, ummanni Oromoo cunqursaafi dhiibbaa siyaasaa irra gahaa tureefi gahaa jiru sirbatti dhimma bahuudhaan ibsata (Tsfaye 2013:86).

Sirboota miira ilma namaa mul'isan keessaa tokko sirba siyaasaati. Sirbi siyaasaa kan ittiin gidiraa bulchinsaa abbootti aangoo, haala siyaasa dhufaa-darbaa ittiin komachuuf, mormii ittiin

ibsachuuf, tokkummaa isaa ittiin eeggachuuf, wallaalaa isaa ittin gorfachuuf, kan laafe ittiin jabeessuuf, ittiin wal tumsuu fi k.k.f ibsuuf fayyadudha. Yaada kana kan tumsu Tesfaye (2013: 87) uummanni Oromoo erga sirna nafxanyaatiin cabee eegalee dhiibbaa fi roorroo sirnichaana irra gahaa ture mormii qabu ibsachuuf sirboota siyaasaatti dhimma akka bahaa ture ibseera. Fakkeenyaaf, sirna Dargii fi wayyaanee keessa Artistoonni Oromoo kanneen akka Alii Birraa, Ilfinesh Qannoo, Abbitoo Kabaddaa, Zariihuun Wadaajoo, kkf sirna Dargii fi Wayyaanee keessatti miidhaa fi dhiibbaa ummata Oromoo irra gahaa ture weelluu isaaniitiin ibsaa turaniiru.

Fedhii bilisummaa fi haqaa dabarsuu keessatti gaheen sirboonni siyaasaa qaban akka waliigalaatti addunyaa irratti, addatti ammoo Afrikaa keessatti bal'inaan mul'ateera. Fakkeenyaaf, sirbi bilisummaa Afrikaa Kibbaa Nkosi Sikele'l Africa (Waaqayyo Afrikaa haa eebbisu) jedhu qabsoo farra Appartaayidii keessatti gahee olaanaa taphatee ture. Haaluma walfakkaatuun diddaa siyaasaa Oromoon mootummoota gabroomfatoo Habashaa walduraa duubaan gaggeessan keessatti sirboonni siyaasaa gahee olaanaa taphataniiru. Walaloon sirboota siyaasaa Oromoo qabsoo siyaasaa Oromoo keessatti akka humna bilisoomsuutti ilaalamuu danda'u, kan olkaasu, kakaasu, akkasumas, karaa namoonni qabsoo haqa dhabuu fi walqixxummaa dhabuu irratti qooda fudhatan agarsiisu. Artistoonni walaloo sirboota siyaasaa Oromoo walaloo sirbootaa isaaniitiin kaayyoo hawaasummaa tajaajiluuf, ibsa siyaasaa kennuuf, rakkina ummoota cunqurfamootiif sagalee dhageessisuuf itti fayyadamaa turaniiru (Demitu, 2008).

Artistoonni sirboota siyaasaa Oromoo sagalee dhageessisuufi seenaa qabsoo itti fufiinsa qabu odeessuudhaan ergaawwan walaloo qabsoo bilisummaa uummata Oromoo keessatti qaama ijoo ta'anii tajaajilaa turaniiru. Artistoonni Oromoo ibsa siyaasaa kennuu bira darbanii, jechoota isaanii akka karaa guddina eenyummaa hawaasummaa, safuufi siyaasaa ummata Oromootti fayyadamuu danda'aniiru. Artistoota walaloo sirboota siyaasaa Oromoo qabsoo uummata Oromoo ceesisuuf gumaachan keessaa hojii aartistoota shanii kanneen dhiibbaa siyaasaa sirni ADWUI ummata Oromoo irraan ga'aa ture ibsan qorachuuf filadheera.

Artistoonni Oromoo hojiiwwan isaanii qorannoodhaaf filataman: Ilfinash Qannoo, Eebbisaa Addunyaa, Ittiqaa Tafarii, Keekiyyaa Badhaadhaa fi Haacaaluu Hundeessaati. Artistoonni kunneen artistoota sirboota siyaasaa Oromoo sirbuudhaan hawaasa biratti beekamanii fi dandeettii addaa qaban keessa muraasa. Hojiiwwan isaanii hunda waraqaa kanaan ibsuun waan

hindanda'amneef walaloo sirboota Siyaasaa sirna ADWUI keessa sagalee fi suursagaleen maxxanfamanii sirbamaa turan keessaa sirboota iddattoo ta'anii filataman qofaarrattan xiyyeeffadhe.

Mata duree kana irratti akkan hojjedhuuf sababa kan ta'an: sakkata'i addaddaa taasifame akka ibsutti (a) hojiiwwan sirboota siyaasaa Oromoo sagalee fi suursagaleen maxxanfaman irratti hojjataman hedduu muraasa ta'uu, (b) sirboonni Oromoo sirnoota darban keessa akka hinguddanneef dhiibba adda addaa waan irraa gahaa tureef kanneenis fooyyessuufi baballisuuf cimee itti fufuun dhaloota dhufuuf dabarsuun barbaachisaa waan ta'eefi (c), akka Kora Idil Addunyaa 3ffaa Oromoo (The 3rd International Oromoo Studies Conference) bara 2018 gaggefamerratti waamichi hayyootni dabarsaniitti yeroo kamiyyuu caalaa yeroo kana dhimmoota Oromoo irratti qorannoo geggeessuun rakkolee furuufi ogbarruu Oromoo guddisuun murteesaa waan ta'eefi.

Sababoonni kunneen mata duree “Xiinxala Walaloowwan Sirboota Siyaasaa Oromoo Bara 1991-2018 ALA'tti Sirbamanii” jedhurratti qorannoo akkan geggeesuuf ka'umsa naaf ta'aniiru. Bu'uuruma kanaan, qorannichis gaaffii qorannoo: qabiyyeewwan sirboota siyaasaa Oromoo bara 1991 – 2018 ALA'tti sagalee fi suursagaleen maxxanfamanii maal maal ibsuu irratti xiyyeeffatu? jedhuu deebisee jira.

Gaaffii qorannichaa deebisuufis yaaxxina xiinhawaasummaatti dhimma ba'een jira. Yaaxxinni xiinhawaasummaa kun kallattii ilaalchaa gurguddoo sadii qaba. Isaanis: faayidaalessummaa, diddaa fi fakkoommii dha. Kallattii ilaalchaa kanneen sadan keessaa waraqaa kana keessatti kan ani itti dhimma ba'e, ilaalcha diddaa fi kallattii ilaalchaa fakkoommiiti. Kallattii ilaalchaa diddaatiin artistoonni karaa walaloowwan sirboota isaanii dhiibbaa siyaasaa, hawaasummaafi dingdee sirna ADWUIitiin uummata Oromoo irra ga'aa ture diddaa isaanii akkamitti ibsachaa akka turantu xiinxalame. Kallattii ilaalchaa fakkoommiitiin ammoo fakkoommiiwwan artistoonni walaloo sirbootaa isaanii keessatti diddaa sirnicha irraa qaban ibsachuuf itti gargaaramantu xiinxalame.

MALLEEN QORANNICHAA

Qorannoon kun qabiyyee sirboota siyaasaa Oromoo xiinxaluu irratti waan xiyyeeffatuuf saxaxa qorannoo ibsa akkamtaatti yaaxxina hawaasummaa keessa ilaalcha waldiddaa fi kallattii ilaalchaa fakkoommii bu'uureffachuun kan geggeeffamedha. Sababni isaas, qabiyyeen walaloo sirboota siyaasaa Oromoo bara 1991 - 2018 keessa sirbamaa turanii keessaa sirboonni iddattoo qorannichaaf filataman erga barreeffamatti jijjiiramanii booda akka qabiyyee isaaniitti qinda'anii jechaan waan ibsamaniifidha.

Maddi ragaa qorannoo kana keessatti dhimma itti ba'ame madda raga tokkoffaa yemmuu ta'u, innis walaloo sirboota siyaasaa artistoota Oromoo shanii iddattoo qorannichaa ta'anii filatamaniidha. Haaluma kanaan, iddattoon qorannichaa walaloo sirbaa artisti Ilfinash Qannoo, Eebbisaa Addunyaa, Ittiqaa Tafarii, Keekiyyaa Badhaadhaa fi Haacaaluu Hundeessaati. Walaloo sirbootaa kanneenis gosa iddatteessuu miti carraa keessaa mala iddatteessuu kaayyeffataatiin filatamaniiru. Sababni mala kanatti dhimma ba'ameefis ragaalee gahaa fi amansiisaa ta'e haala kanaan argama jedhamee waana itti amanameefidha.

Malli funaansa ragaalee qorannoo kana keessatti itti dhimma ba'ame mala sakatta'a dookimentiiti. Ragaaleen qorannichaas walitti qabuuf duraan dursa sirboota siyaasaa Oromoo bara 1991 – 2018'tiitti karaa marsariitii yuutuubii gad-lakkiffamantu fudhatame. Itti aansuun, sirboota siyaasaa artistoota Oromoo shanii iddattoo qorannichaa ta'anii filatamantu fudhatame. Waraabbii sirboota filatamanii irra deddeebiin dhaggeeffachuun gara barreeffamaatti erga jijjiiramanii booda qabiyyee isaanii irratti hundaa'uun garee garaa garaatti qoqoodamuun mala akkamtaatiin xiinxalamaniiru.

XIINXALA FI DHIYEESSA RAGAALEE

Xiinxala Walaloowwan Sirbootaa Dhiibbaa Siyaasaa Sirna ADWUI Mul'isanii

Dirree Siyaasaa irraa Shiraan Dhiibamuu (Bara Ce'umsaa)

Uummanni Oromoo sirnoota habashaa dhufanii darbaniin haaluma walfakkaatuun gidiraa fi roorroo walirraa hincinneef saaxilamee ture; jira. Fakkeenyaaf, bara 1870 irraa eegalee daguuggaa sanyii (miliyoonaan ajjeessuun sanyii eenyummaa Oromoo balleessuu), Oromiyaa qabeenya uumamaan badhaate saamuu, ummata miliyoona hedduu buqqisuun jireenya hiyyummaa fi baqattummaatiif saaxiiluu, jumulaan hidhuu fi caasaa bulchiinsa Oromoo diiguun sirna

hawaasummaa fi siyaasaa Oromoo dadhabsisuun dhabamsisaa turan. Roorroo fi gidiraa gurguddaa mootummaa Itoophiyaa dhufanii darbaniin ummata Oromoo irra bifa adda addaatiin ga'eef ga'aa jiru artistoonni Oromoo aantummaa saba isaanii qaban saba isaaniitiif afaan ta'uun karaa weelluu isaanii ibsaa turaniiru; jirus. Haaluma kanaan, walaloowwan sirboota siyaasaa Ilfinash Qannoo, Eebbisaa Addunyaa, Ittiqaa Tafarii, Keekkiyyaa Badhaadhaa fi Haacaluu Hundeessaa qabiyyee isaaniirratti xiyyeeffachuun haala kanatti aanee jiruun xiinxalamaniiru.

Bulchiinsa Oromoo Diiguun Sirna Hawaasummaafi Siyaasa Dhabamsiisuu

Ilfinash Qannoo walaloo sirbaa “Gaafa ati sokkite” jedhuun caasaan bulchiinsa Oromoo siyaasa sirna ADWUI tiin dhiibamee yeroo ari'atamu akka kanatti aanee jiruun weelluu ishiitiin ibsitee jirti.

...

Gaafa ati sokkitee /2x/

Ani reefuu naa gala

Ati dhiibbaa jibbitee /2x/

Ani reefuu naa gala /2x/

Ati hamii jibbitee

...

Walaloowwan sirbaa kanaa olitti dhiyaatee sirba jaalala saala faallaa gidduutti sirbamutti fakkeeffamee kan dhiyaatedha. Hiikni kallattii isaas shamarreen jaalallee ishii jaallattee dhabdeef kan sirbitu ta'uu agarsiisa. Weellistuun gargar ba'uu isaaniitiif sababa kan ta'e ishii fi jaalallee ishii dhiibbaa fi hamiin gargar isaan kan fageessu jiraachuu isaa turtee kan hubatte ta'uu ishee ibsitee jirti. Walaloo sirbaa kana keessatti fakkoommii keessaa 'iddeessaa'tti dhimma ba'amee jira. Innis kan inni agarsiisu bulchiinsa Oromoo (ABO) fi Oromiyaa jaalalleewwan waljaallatanii osoo waliin jiraachaa jiranii dhiibbaa garaa garaatiin gargar ba'aniin bakka buufamee jira.

Eebila bara 1991 yeroo sirni mootummaa Habashaa ilaalcha siyaasa soshaalistummaa addunyaa hordofu diigame kanatti jaarriyaan ABO mootummaa ce'umsaa hundeessu keessatti hirmaannaa guddaa qaba ture. Kaayyoo warraaqsa 2ffaa milkeessuuf hirmaannaa ijaaraa ABOon taasise kun baatilee gabaabduu booda shira murnoota siyaasaa Habashaa, ABUE fi ABUT, xaxaniin boorawe.

Itoophiyaa keessatti sirna dimookiraasii hundeessuuf fedhii fi dandeettiin mootummaa ABUT qabu jalqaba irraa shakkii keessa seene. Gartuun kun aangoo waraanaa fayyadamuun dorgommii jaarimiyoota siyaasaa walabaa ugguruu eegale: fakkenyaaf, filmaata bulchiinsa naannoo kan Waxabajji bara 1992'tti karoorfame keessatti ABO'n Oromiyaa irratti ni injifata sodaa jedhu irraa akka filmaati haqaa fi bilisa ta'ee hin adeemsifamne danquudhaan tooftaa mul'ataa fi dhokataa fayyadamuun bacancarfame. Dhiibbaan aguggaadhaan adeemsifamaa ture kun akka uummata Oromoo jaarimiyya ABO hin filanneef qoqqobe. Karaa nagaa fi dimookirasii argaminnaaf kan hawwame bilisummaan hin argamiin hafe. Mirgi Oromoo sarbamu fi Oromoon tapha siyaasaan ala godhamuun kan eegale akkuma ADWUI'n aangoo qabateen jechuun nidanda'ama (Nasruu, 2019: 90).

Aangoon harka ADWUI erga seenee booda osoo hin bubbuliin sadarkaa tokkoffaatti QBO laamshesuuf saganteefame. Mootummaan ABUT kun qaamota akka ABUE (gargaartota waraanaa fi siyaasaa), mootummoota dureeyyii (tooftaa fi maallaqa), fi gantoota ummata Oromoo keessatti dhalatan (odeeffannoo kennan) irraa tumsa qindeeffachuun duulli wal irraa hin cinne ABO fi ummata Oromoo irratti labsame. Dhiibbaa mootummaan taasise kanas walaloowwan sirbaa ishii keessaa bo'oowwan **Ati dhiibbaa jibbitee /2x/ fi Ati hamii jibbite** jedhuun ABO mootummaa ce'umsaa keessaa baasuuf qaamonni shira xaxuuf kaa'aman akka jiran ibsitee jirti. Mootummaanis, haaluma kanaan siyaasa QBO hoogganummaa ABO'n durfamu fi siyaasaa gabrummaa murna Habashaa kan ilaalcha warraaqxumma dimookiraasii jedhame aguggatee haareefame gidduutti wal-dhibdeen dhalate guddachaa adeemuudhaan WBO diiguu fi mootummaa ce'uumsaa keessaa dhiibanii jaarimiyya ABO baasuun saganteefame. Duula kallatii maraan ABO fi WBO irratti banuun akka motummaa ce'umsaa keessaa baafamuuf dirqamu taasifame. Kanaafuu, sirni ADWUI aangootti dhufee osoo shanan hin gutiin caasaa bulchiinsa Oromoo dhiibee dirree siyaasaa keessaa baasuun ABO'n qabsoof bosonatti akka galu taasisee jira. Artistiin kunis dhiibbaa sirna Mootummaa ADWUI tiin jaarimiyya siyaasaa Oromoo irra ga'aa ture kana haala kanaan ibsuu ishii nama hubachiisa.

Haaluma walfakkaatuun, sirni ADWUI caasaa bulchiinsa Oromoo dhiibee dirree filannoo keessaa baasuu isaa Eebbisaa Addunyaa weelluu isaa “Nandidiini dubbii kiyyaa” jedhuun ibsee jira.

...

Nandidiini dubbii tiyyaa
 Nallee hinyakkiini garaa kiyyaa
 Ani barbaadeen si dhabee /2x/
 Ani barbaadeen yaa sidhabee / 2x/
 Garam jirta Faaxee tiyyaa
 Ani barbaadeen yaa sidhabee
 Garam jirta Kaddoo tiyyaa
 Naaf si hinaafanii moyyaaleedhaa nubaasanii
 Naaf sillee hinaafanii hariiroodhaa nubaasanii
 Hinaaffaan duruu jiraa Faaxee garaa hinhamaatiinii
 Hinaaffaan duruu jiraa shiinaa garaa hinjabaatiinii

...

Hiikni kallattii walaloo sirbaa kanarraa hubatamu sirba jaalalleen lamaan waljaallatanii turanii waldhabanii gargar ba'anii wal arguuf wal iyyaafatan kan agarsiisudha. Haata'u malee, xiyyeeffannoon sirba kanaa hiika kallattii caalaa hiika dhokataa fakkoommiin isa ibsamedha. Fakkoommiin walaloo sirbaa kana keessatti dhimmi itti ba'amee jirus akkuma sirba isa armaan olitti ibsame sanaa iddeessaa dha. Iddeessaa kan taasise caasaa bulchiinsa Oromoo (ABO) jechoota jaalalleewwan dargaggeessaa fi shamarran jaalala waliif qaban ittiin waliif ibsan sanaan ibsamuu isaati. Fakkoommii kanatti fayyadamuun kan barbaachiseefis sirni ADWUI deggertoota caasaa bulchiinsa Oromoo (ABO) irratti tarkaanfii waan fudhataa tureefidha.

Walaloo sirbaa olii kana keessatti weellisaan jaalallee isaatti fakkeessee ABO'n waxabajjii 1992 dhiibamee mootummaa ce'umsaa Itoophiyaa keessaa baafamuu isaa Bo'oo "Naaf sillee hinaafanii hariiroodhaa nubaasanii" (9) jedhuun ibsee jira. ABO'n erga dhiibamee mootummaa ce'umsaa keessaa booda Moyyaaleetti kooluu galee ture. Haata'u malee, mootummaan abbaa irree Itoophiyaa bulchaa ture mootummaa Keeniyaa wajjin walii galuudhaan biyyicha keessaa akka baafaman taasisee ture. Weellisaan kunis jaalallee isaatiin qabee ari'annan ABO irratti taasifamaa ture hanga biyyoota ollaa keessa kooluu galanii jiraachuu hindandeenyetti akka ta'e weelluu isaa keessaa bo'oo "Naaf si hinaafanii moyyaaleedhaa nubaasanii"(8) jedhuun hubachiisee jira. Kun ammoo sodaa sirni ADWUI ABO'n Oromiyaa keessatti yoo filannootti dhiyaate ni injifata jechuun dhiibee dirree filannoo keessaa baasuu isaa kan agarsiisuudha.

Sararoonni lamaan hafan ammoo “Hinaaffaan duruu jiraa Faaxee garaa hinhamaatinii”(10) fi “Hinaaffaan duruu jiraa shiinaa garaa hinjabaatinii” (11) kanneen jedhan ammoo Itoophiyaa keessatti caasaa bulchiinsa Oromoo sodaatanii dirree siyaasaa irraa ari’achuun sirna ADWUI keessatti kan eegale osoo hintaane sirnoota habachaa Itoophiyaa bulchaa turan hunda keessattuu haaluma walfakkaatuun kan ture ta’uu isaa agarsiisa.

Weellisaan walaloo sirbaa armaan olitti dhiyaatees wallee isaatiin ari’annaa caasaa bulchiinsa Oromoo (ABO) irra sirnoota Itoophiyaa bulchaa turaniin ga’aa ture hammam ulfaataa akka ta’ee fi hammaatus abdii kutuu akka hinbarbaachifne ibsee jira. Haata’u malee, caasaan bulchiinsa Oromoo (ABO)nis dhiibbaa mootummaa habashaa dhufee darbuun irratti raawwatamu kanaaf, yeroo itti harka laate hinqabu. Akkuma bara 1992 ari’atamee mootummaa ce’umsaa Itoophiyaa keessaa ba’een tarkaanfii inni fudhate fincila diddaa garbummaa adeemsisuuf qabsaa’uu eegale. Kaayyoo fi kutannoo caasaa bulchiinsa Oromoo kan hubatan mootummoonni ABUE fi ABUT sochii waraanaa waliin qindeeffachuudhaan caasaa QBO, WBO fi ABO, dhabamsisuuf lola jabaa golee maraan banan. Kumaatama hedduutti kanneen herregaman miseensotiifi qondaaltoti WBO fi ABO akkasumas uummati Oromoo kumaatamni hedduun qubsumoota (kampii) waraana mootummaa Habashaa naannoo Dhidheessaa, Huursoo, Bilaattee, Ziwaayi, fi kkf keessatti golee Oromiyaa mara irraa walitti guramuudhaan hidhaa, reebicha, qaama-hir’achuu, ajjechaafi shororkaa daangaa hin qabneef saaxilaman.

Falmii Mirga Aangoo Siyaasaa Gonfachuu

Sirna darbe hunda keessatti Oromoon gara aangootti akka hindhufneef jabaatanii irraa ittisaa turan. Warra Jaarraa 16ffaa hanga walakkeessa jaarraa 19ffaatti Oromoon eenyuu akka ta’e beekan Amaaraa fi Tigireetu, aangoon harka Oromoo seennaan; sabni kun altokko miilli isaa masaraa lixnaan, humnaa fi tooftaan harka isaaniitii ittiin baasan hinjiru jedhanii waan yaadaniif bara baraan waardiyyaa aangoofi masaraa ta’anii dhaabbatu (Nasruu, 2019,f. 70). Haata’u malee, sabni Oromoo tole jedhe harka kennatee qabsoo dhiisee hinteenye. Aangoo fi masaraa mootummaa halagaan irraa ittifame mirga abba biyyummaa diinaan mulqame kana harka isaatti galfachuuf qabsoo karaa garaa garaa finiinsaa ture. Karaalee kanneen keessaa tokko sirboota siyaasaaatti dhimma ba’uun fincilaafi diddaadhaaf uummata kakaasuu ture. Artistoonni sirna

ADWUI keessa sirboota falmii aangoo siyaasaa mul'isan sirbuun sochii warraaqsa taasisuu keessatti shoora guddaa taphataniiru.

Fakkeenyaaf, artisti Ilfinash Qannoo sirba “Yaa Ilmaan Kushiitik” Amajjii 15, 2017 sirbite kana keessaa hidhaan kanatti aanee jiru falmii aangoo siyaasaa kan agarsiisudha.

...

Halluu qabdi gadaan keenyaa

Marsaa jirtii qe'ee keenyaa

Hinduunaaf hundi keenyaa

Hinlaaftuuf lafti keenyaa /2x/

Nideeffanna aangoo keenyaa JQ

Nidiriirfanna caasaa keenyaa

Hin nu bulcha qomoon keenyaa

Bilisummaan galma keenyaa

Kanuma hawwiin keenyaa /3x/

...

Walaloo sirba olitti dhiyaate keessaa bo'oo “Halluu qabdi gadaan keenyaa” (1) jedhu keessaa gaaleen ‘Gadaan keenya’ jedhu sirna bulchiinsaa Oromoon durii kaasee ittiin walbulchataa ture agarsiisa. Gaaleen ‘halluu qabdi’ jedhu jalqaba buufatichaa irratti argamu ammoo yaadrimee addadha fakkaattii ykn dorgomaa hinqabdu jechuuf yaadameeti. Bo'oon “Marsaa jirti qe'ee keenyaa”(2) kallattiin kan inni agarsiisu bulchiinsi sirna gadaa nuu deebi'uuf jedha abdii jedhu mul'isa..

Bo'oowwan “Hinduunaaf hundi keenyaa”(3)fi “Hinlaaftuuf lafti keenyaa” /2x/ (4)Sirna bulchiinsaa gadaa keenyaa ni jaallanna; namaa fi uumama maraan ni wareegamnaaf jechuudha. Bo'oon “Nideeffanna aangoo keenyaa” (5) jedhu ammoo aangoo mootummaa abbaa irreen mulqamne deeffanna, Sirna bulchiinsa gadaa Oromoon ittiin bulu labsannaa. Bo'oon “Nidiriirfanna caasaa keenyaa” (6) sirna bulchiinsaa diinaan mulqamne deeffannee caasaa bulchiinsa sirna gadaa keenyaa ni diriirfanna jechuufidha. Bo'oowwan hafan duraa duubaan “Hin nu bulcha qomoon keenyaa”, “Bilisummaan galma keenyaa” fi “Kanuma hawwiin keenyaa” /3x/ jedhan ammo nuyi warra ofiin of bulchuu dandeenyudha; ormi nubilchuu hinqabu. Gaafa ofiin ofi bulchine bilisa baana kan hanga har'aatti qabsoofneefis kanuma yaada jedhu mul'isa.

Walaloo sirbaa olitti dhiyaate kanarraa wanti hubatamu, Oromoon durii kaasee sirna diimookiraataawaa fi boonsaa ta'ee kan ittiin wal bushataa ture akka qabudha. Haata'u malee, erga sirnoonni Abisiiniyaa aangoo biyyattii harkatti galchatanii booddee Oromoon sirna bulchiinsa isaa kana dhorkamee sirna mootummaa abbaa irreetiin bulaa turuun isaa niyaadatama. Yaada kana kan tumsu, Asafaan (2015:3) waa'ee sirna bulchiinsa Oromoon ittiin geggeeffamaa ture haala kanatti aanee jiruun ibseera. Ragaaleen jiran akka mul'isanitti hanga biyyoonni Awurooppaan ardii Afriikaa qoqooddatanittifi uummanni Oromoos Keeniyaa fi Itoophiyaatti qoodamutti, Oromoon jaarraa 16ffaa fi 17ffaa keessa sirna ittiin bulmaataa hawaas-dinagdeefi siyaasa isaa kan ittiin gaggeeffatu sirna Gadaa jedhamu baroota hedduu dura tumatee kanaan bulaa ture. Walakkeessa jaarraa 19ffaa irraa eegalee erga Mootiin Minilik II lafa Oromoo weeraree qabachuun of jalatti cabsee gabrummaan bulchuu eegale as Oromoon sirna isaa kanaan walbushachuu hindandeenye.

Kana malees, Dirribii, (2016,f.431) uummanni Oromoo erga gita bittaa halagaa jalatti jalqaba jaarraa 19ffaa kufee eegalee karaa addaa addaatiin qabsoo mirga abbaa biyyummaa isaa yeroon inni itti bifa gurmaa'eenis ta'e bittinaa'een hin taasisin hafe hin turre jechuun Oromoon erga aangoo isaa saamameen qabsoo falmii aangoo siyaasaa kallattii garaagaraan kan finiinsaa ture ta'uu isaa agarsiisa. Qabsoo falmii aangoo siyaasaa finiinsuu keessatti sirboonni siyaasaa ga'ee olaanaa taphachaa akka turan walaloo sirbaa olitti dhiyaate irraa hubachuun nidanda'ama.

Walumaagalatti, walaloo sirbaa olii kana irraa kan hubatamu Oromoon sirna dimokiraataawaa fi boonsaa ittiin wal bulchaataa turee sirna abbaa irreetiin sarbame kana hanga harkaan qabatee mirga abbaa biyyummaa isaa mirkaneeffatutti qabsoo finiinsuun kan isarraa eegamu ta'uu isaati. Haaluma walfakkaatuun, Eebbisaa Addunyaas sirba isaa “Nuyi Oromoodha” jedhu sirbeen qabsoo falmii aangoo siyaasaatiif taasifamuu qabu mul'isee ture.

...

Murataa kiyyaa si abbaan biyyaa
 Jabaadhuu loli nyaapha kee qalii
 Diina injifadhuu gammachuun galii
 Falmataa kiyyaa si abbaan biyyaa
 Murataa kiyyaa si abbaan biyyaa

Ihii ihii /2x/

Gabaabumatti, walaloo sirbaa kana irraa kan hubatamu, falmii mirga aangoo siyaasaa gonfachuuf qaama Oromoo bakka bu'ee qabsoorra jiru kan jajjabeessu ta'uu isaati. Oromoo fi caasaan bulchiinsa Oromoo sirnoota Abisiiniyaa Itoophiyaa bulchaa turan duraanii keessatti lubbuu hedduu itti wareegani qabsoo hadhaawaa geggeessanii erga filannoo mootummaa ce'umsaa bara 1992 tiif qophaa'anii booda dirree siyaasaa irraa dhiibamanii ba'uun isaanii ni yaadatama. Haata'u malee, ABO fi WBO gocha diinaa kana akka carraatti fudhatanii qabsoo hidhannoo geggeessu irraa boodatti hindeebine. Qawwee fi meeshaa waraanaa jabanaatiin caalamani injifannoo mulqaman deeffachuuf jecha bosona maandheffatanii qabsoo riphee loltummaa itti fufuun qabsoo irra jiraachuu isaanii waloona walaloo sirbaa isaatiin agarsiisee jira.

Dhiibbaa Hawaasummaa: Wawwaannaa, Roorroofi Dararama Hawaasummaa

Dhiibbaawwan hawaasummaa siyaasa sirna ADWUItiin lammiilee Oromoo irra ga'aa turan keessaa tokko jireenya itti hadheessuun akka biyya baqatanii godaanan gochuun isa tokko ture. Gocha kanas artistoonni Oromoo weelluu isaaniitiin ibsaa turaniiru.

Artisti Ilfinash Qannoo sirba ishii “Guyyaan nidarbiti” jedhu (Ebla 23, 2013) sirbiteen dhiibbaawwan hawaasummaa uummata Oromoorraa ga'aa ture haala kanatti aanee jiruun mul'isteetti.

...

Sirraa fagaachuun koo fagaadhee deemuun koo

Ani jaalladhee mitii si jibbeetan mitii

Haalaan dirqameenii hin gaddin jaalallee

Ani yoomuu keetii wal argina ta'aa

Guyyaan hindarbitii

Walaloo sirbaa kanaa olitti dhiyaate irraa kan hubatamu artistu Ilfinash Qannoo saba ishiitiif sagalee taatee qabsaa'uun maatii ishii irraa addaan baatee akka gadaantuuf ishii saaxiluu isaati. Egaa artistiin kun kan ishii mudate haala kanaan haa ibsattu malee, Oromoonni hedduun haaluma walfakkaatuun baqatanii kan lafa onaa keessatti dhumanis, milka'anii biyya ambaatti galanis hedduu akka ta'an seenaan nidubbata.

Haaluma walfakkaatuun, artistu Haacaaluu Hundeessaas roorroo mootummaa abbaa irree godaansaaf akka nama saaxilu sirba isaa “Yoom akkanatti hafna” jedhuun ibseera.

...

Randa gamaa moxobii

Bajjii babaqaqsuu kootii

Shira yartuun dadhabee

Qe'ee godaanuu kootii

...

Gabaabumatti, walaloo sirbaa kanaa olii irraa kan hubatamu haalli bulchiinsa mootummaa abbaa irree (ADWUI) lammiileetti jireenya hadheessuun biyya ofii keessaa baqatanii akka deemaniif kan nama kakaasu ta'uu isaati. Haata'u iyyuu malee, artistoonni Oromoo godaansi rakkina yerootiif furmaata akka ta'etti yoo kaasan iyyuu jireenya biyya ormaas hiraarsaa fi gidiraan kan guutame ta'uu isaas wallee isaaniitiin lammiilee isaanii hubachiisaa turaniiru. Fakkeenyaaf, artisti Haacaaluu Hundeessaa, kanneen godaansaan biyyaa ba'anii biyya ormaa keessa jiraatan haala isaan keessa jiran sirba isaa “Anaan anaan” jedhu bara (2013) sirbeen dhiibbaa siyaasa sirna ADWUI tiin godaansaaf saaxilamanii biyya ormaatti rakkachaa jiraachuu isaanii agarsiiseera.

...

Bor naa darba jettee lammii koo

Gaafa biyyaa baate

Jiruu dhabduu taate saba koo

Rakkoon lakkuu taate

...

Walaloo sirbaa kanarraa, dhiibbaa hawaasummaa mootummaa ADWUI tiin lammiilee Oromoo irra ga'aa turedha. Dardaraniifi Shamarran baayyeen rakkoo dinagdee furachuuf jecha carra biyya keessatti hojjetanii jijjiiramuu waan hinqabneef karaa seeraan alaa biyya alaatti gadaanaa turan. Imala isaanii keessattis rakkoo garaa garaatiif saaxilamaa akka turan hubachuun nidanda'ama. Fakkeenyaaf, bo'oon “Rakkoon lakkuu taate” (4) jedhu, rakkoo dinagdee hiikachuuf yaadanii gara biyya alaatti bahaniis miilka'uu dadhabuufi kana irraa kan ka'e ammo rakkina dabalataatiif saaxilamuu lammiilee agarsiisa. Yaada kana kan deggaruu, Amnesty International (2014) qorannoo baqattoota bo'oo Kakumaa, Keeniyaa jiran keessatti gaggeessuun baqattoota Itoophiyaa irra bahan keessaa harki guddaan isaanii Oromoota ta'uu mirkaneesseera. Harka mootummaa ADWUI tti Oromoo kumaatamatu jireenya baqaaf saaxilame. Gaazexessitootni

hedduun of to'achuuf dirqamanii hojjetu ykn hiraarfamuu, hidhamuu fi biyyaa baqatanii baduu keessaa tokko filachuun dirqama itti ta'eera. Bara 2010 irraa eegalee yoo xinnaate gaazexessitootni 60 ta'an biyyaa badaniiru (Human Rights Watch, 2016). Kunis kan inni agarsiisuu sababa siyaasa sirna ADUI tiif namoonni hedduun godaansaaf saaxilamuudha.

Dararama: Hidhaa, Reebicha, Ajjeechaa

Itoophiyaa keessatti erga ADWUIin aangootti as dhufee Oromoota kumaatamatu ilaalcha siyaasaa addaa waan qabuuf jecha hidhaan gidirame. Hidhaan Oromooti hammaachuu irraa kan ka'e hanga manni hidhaa federaalaa Afaan Oromoo dubbatu jedhanitti odeeffamee ture. Harka mootummaa ADWUI'tti Oromoo hedduutu mirga Oromoof jecha wareegame. Akka Leencoo Lataa jedhetti, Oromoo hedduun kan hidhamanii fi ajjeeffaman sirna ADWUI jalatti. Sirni ADWUI, akkuma Dargii ajjeessuu bira darbee reeffa firaa dhorkataa tureera. Fakkeenyaaf, Baalee magaalaa Roobeetti dubartii ulfa ajjeessanii firri reeffa gaafannaan nama biraa kan bakka ishii hidhamu akka dhiyeessaniif dirqisiifaman. Dambi Doollootti ilma ajjeessanii haati reeffa mucaa ishiirra akka teessuuf dirqisiisan. Yakka raawwatameenis booyaa fi gubataa kan hafe eenyuunuu caalaa maatii fi firoota (Nasruu: 79).

Yakka gara jabeenyaan mootummaan abbaa irree kun uummata Oromoo irratti raawwaachaa ture kana artistoonni weelluu isaaniitiin mul'isaa turaniiru. Fakkeenyaaf, Ittiiqaa Tafarii sirba isaa 'Didi...didi' jedhuun miidhaa hawaasummaa uummata Oromoo irra ga'aa ture ibseera.

...

Madaa nuu fayyuu didee

Tuqaa nutti kaasanii

Shororkeessaa nuun jedhanii

Kilaashiin nu reebanii

Isaan malee kan shororkeessan

Barattoota keenya

Kan rasaasaan bobbeessan

Isaan malee maqaan shororkeessaa maal /JQ

Hayyoota Oromoo hidhanii ajjeesan

...

Walaloo sirbaa kanarraa, bo’oowwan “Madaa nuu fayyuu didee” fi “Tuqaa nutti kaasani” jedhan kan isaan agarsiisan dararaafi hiraarfamuu mootummoota Itoophiyaa bulchaa turaniin uummata Oromoo irra ga’aa ture sirni ADWUI irra deebi’uun uummata kana irratti raawwachuu isaa agarsiisa. Bo’oowwan “Shororkeessaa nuun jedhanii” fi “Kilaashiin nu reebanii” jedhan ammo gaaffii mirgaa uummanni Oromoo harka qullaa qawwee hafoo dhaabachuun dhiyeesseef ammoo shororkeessaa jechuun farajanii meeshaa itti roobsuun akka dararaa ture agarsiisa. Jecha ‘shororkeessaa’ jedhu ammoo bo’oo “Isaan malee kan shororkeessan” jedhuun shororkeessaan isa aangoo dawoo godhatee meeshaa harkaa qabu uummata harka qullaa irratti gara jabinaan roobsu kan ibsu ta’uu isaa agarsiisa. Yaada kanas, bo’oowwan “Barattoota keenya” fi “Kan rasaasaan bobeessan” jedhaniin mirkaneessee jira. Walaloo sirbaa kana keessatti, jechi ‘shororkeessaa’ jedhu kallattiin sirna ADWUI kan xiyyeeffatu ta’uu isaa bo’oowwan “Isaan malee maqaan shororkeessaa maal” fi “Hayyoota Oromoo hidhanii ajjeesan” jedhaniin hammeenyummaan sirnichaa agarsiifameera. Yaada kana irraas kan hubatamu sirni ADWUI meeshaa waraanaa harkaa qabuun uummata harka duwwaa akka barbaadetti reebuu, hidhuu fi ajjeessuudhaan akka hiraarsaa turedha. Kana malees, ummata harka duwwaa afaan qawwee fuuldura dhaabbatee waa’ee mirga namummaa falmatuun shororkeessaa jechuun dararaa kan ture ta’uu isaati.

Yaada kana kan deeggaru, gabaasni HUMAN RIGHTS WATCH, (2016: 5) akka agarsiisutti, Karoora Finfinnee gara Oromiyaatti babal’isuu waliin wal qabatee hiriira mormii Ebla fi Caamsaa 2014 eegaleen, barattoota Oromoo lakkoofsi isaanii hammana jedhanii himuu hin dandeenye, hedduun himata seeraa tokkoon alatti qabanii hidhaa turan. Qaamotni tikaa humna akka malee ta’e, kan lubbuu namaa balaaf saaxilu, rasaasa dabalatee, fayyadamuudhaan magaalaa hedduutti hiriirtota irratti dhukaasuun yoo xinnaate namoota kurnoota hedduutti lakkaayaman ajjeesaniiru, dhibbootatti kanneen lakkaayaman hidhaniiru. Ajjeechaa fi humna seeraan ala fayyadamuu kana ilaalchisee angaa’ota mootummaa Itoophiyaatiin qorannaan gaggeeffame hin jiru. Kanneen hidhaa irraa gadhiifaman garuu akka reebaman ykn haala akka malee keessatti qabamanii akka turfaman ibsu. Ummata Itoophiyaa keessa % 45 kan ta’u Oromoo yoo ta’u , yeroo hedduu hidhaa akka maleef kan saaxilame fi Adda Bilisummaa Oromo (ABO) dhaaba seeraan uggurman deeggara maqaa jedhuun kan himatamudha.

Haaluma kana fakkaatuun, Ittiqaan sirba isaa ‘Itti Muddi’ (Caamsaa 26, 2016) sirbeenis gocha gara jabinaa Oromoo irratti raawwatamaa ture heera.

...

Wadaroon /4x/ goota Oromoo mukatti fannistee

Rasaasni goota Oromoo karaatti hambiste

Wadaroon /4x/ Eebbisaa Addunyaa lafarra harkiste

Itti muddi /4x/

...

Walaloo sirbaa kana keessaa bo’oon “Wadaroon /4x/ goota Oromoo mukatti fannistee” jedhu kan inni agarsiisu yakka gara jabinaa mootummaan abbaa irree gootota Oromoo irratti raawwachaa ture agarsiisa. Gootota Oromoo mukatti rarraafamanii ajjeeffaman keessaa kanneen akka Guraaraa Lataafi Maammoo Mazamirfaa nama yaadachiisa. Bo’oo “Rasaasni goota Oromoo karaatti hambiste” jedhu kan inni agarsiisu uummata Oromoo karaadhuma danda’ame hundumaan lafa kana irraa kan daguugaa turan ta’uu isaati. Gootonni Oromoo meeqa rasaasaan akka dhuman ibsuun ulfaataa ta’us yakki gara jabeenyaa karaadhuma danda’ameen raawwatamaa kan ture ta’uu isaa yaadachiisa. Bo’oon “Wadaroon /4x/ Eebbisaa Addunyaa lafarra harkiste” jedhu ammoo addumaan yakka gar jabinaa erga ajjeessanii booda reefa goota Oromoo irratti sirni ADWUI raawwachaa ture mul’isa. Waraanni mootummaa ADWUI artisti Eebbisaa Addunyaa mana jireenyaa isaa keessatti haala suukanneessaan reebanii erga ajjeessanii booda reefa isaa konkolaataa hidhuun lafarra harkisanii akka itti xabachaa turan seenaan nidubbata. Artistiin kunis, roorroo kanaafi kana fakkaatu weelluu isaa kanaan ibsee jira.

Walumaa galatti, walaloon sirbaa kanaa olitti dhiyaates darara: hidhaa, ajjeechaa suukanneessaa fi reebicha mootummaa abbaa irree (ADWUI) tiin uummata Oromoo: goototaa fi artistootarraa ga’aa ture nama hubachiisa. Haata’u malee, hiraarfamuu fi dararamuun akka malee hammaatus haqa ofiitiif falmachuu irraa Oromoo boodatti deebisuu akka hindandeenye Ittiqaan Sirba isaa ‘Saaqi-saanqaa’ keessatti gootummaa gootota Oromoo ibsee ture.

...

Osoo manni hidhaa Oromoo gad qabee

Bara Mammoo fi Aagarii sana ture

Du’a Aanoollee fi Calanqoo sana ture

Hidhaa fi ajjeechaan Oromoo gad hinqabu

...

Walaloo sirbaa kana keessaa bo'oon "Osoo manni hidhaa Oromoo gad qabee" jedhu hidhamuufi hiraarfamuun uummata Oromoo gaaffii mirgaa gaafachuu irraa hindeebisu kan jedhu agarsiisa. Bo'oon "Bara Mammoo fi Aagarii sana ture" kan jedhu ammoo Maammoofi Aagariin osoo dararaafi sodaa mana hidhaa qabaatanii harka kennatanii mootummaa garboomfataa jalatti cabanii buluu filatu ture yaada jedhu agarsiisa. Bo'oowwan "Du'a Aanolee fi Calanqoo sana ture" fi "Hidhaa fi ajjeechaan Oromoo gad hinqabu" jedhan ammoo ajjeechaan jumulaa Aanoleefi Calanqoo irratti uummata Oromoo irratti raawwataman uummanni Oromoo boquu ol qabatee gaaffii mirgaa akka hinkaasne godha ture. Haata'u male, hidhamuufi hiraarfamuun mirga ofiif falmachuu irraa Oromoo deebisuu akka hindandeenyee fi hidhamuun qabsoo irraa nama deebisa osoo ta'ee gootota Oromoo Maammoo fi Agariitu sodaa hidhaa diinaaf harka laata ture; osoo du'a sodaatanii qabsoo dhiisu ta'ee ajjeechaa aannolee fi Calanqoo irratti uummata Oromoo irratti raawwatametu jiilcha ture yaada jedhu ibsa. Hammamiyyuu hidhamuu fi ajjeefamuun jiraatullee Oromoo qabsoo irraa boodatti deebisuu kan hindandeenye ta'uu isaa ni ibsa.

Gabaabumatti, walaloowwan sirbaa kana irraa kan hubatamu miidhaan hawaasummaa sirnoota Itoophiyaa bulchaa turan hunda keessattuu uummata Oromoorraa ga'aa ture kan walfakkaatu ta'uu isaatiifi dhiibbaawwan taasifaman ammoo daraan diddaafi fincila kan babal'isan ta'uusaati.

Miidhaa Siyaas-diinagdee Mul'isanii

Itoophiyaa keessatti sirni ADWUI siyaasa biyyattii dhuunfatetti gargaaramee dinagdee dhuunfachuuf, waan maallaqa argamsiisu hunda harkatti galfachuuf baay'ee hojjete. Mirga heerri naannoleef kenne irraa mulquudhaan qabeenyaa fi galii naannoleef male mootummaan federaalaa ofii walitti qabataa ture. Fakkeenyaaf, dhaabbileen daldala (PLC) Oromiyaa keessatti, bishaanii fi qabeenya Oromiyaatti kan dhimma bayan ta'us, gibira kaffalaa kan turan mootummaa federaala atiif. Faayidaan Oromiyaan gibira PLC irraa argachuu malte kaazinaa mootummaa federaala irratti dhangala'aa ture (Nasruu, 2019: 120).

Oromiyaa keessatti fincilli qindoomina qabu sadaasa bara 2005 irraa eegalee gara sochiilee dargaggoota Oromoo adunyaatti guddachuudhaan teessuma mootummaa Habashaa raasuu

jalqabe. Sochiilee fincila diddaa garbummaa kana dhabamsiisuudhaan umurii sirna gabrummaa dheereffachuuf diinni haala haaraween seerota tumatee siyaasa saamicha qabenyaa fi dhittaa mirga namomaa sagantessee ture. Serooti gurguddoon bara 2005 – 2008 labsaman: (1) labsa bulchiinsa fayyadama lafa baadiyyaa, (2) labsa jaarmiyaa tola`oltummaa, fi (3) labsa farra goliiti. Mootummaan ABUT labsilee kana meesheffatee duula saamicha lafaa fi dhitta mirga namoomaa haareefatee akka ture (Malkamuu, 2020: 8) ibsee jira.

Artistoonni Oromoo ammo seera ABUT baafatee ittiin lafaa fi qabeenya Oromoo saamuuf saganteeffate kana irratti uummanni Oromoo damaqee diddaa isaa akka dhageesisuuf wallee isaaniitiin kakaasaa turaniiru. Sirboota siyaasaa haala kana agarsiisan keessaa tokko sirba Ittiqaa Tafarii ‘Did...did’ jechuun bara 2015 sirbe isa tokkodha.

...

Obomboleettiin kaabaa /2x/

Diddee nurra marsitee /2x/

Mana nurratti diigdee

Lammiikoo gidirsitee

...

Akkuma sirba kanarraa hubachuun danda’amu tooftaan addaa sirni ADWUI Oromoo dinagdeedhaan cabsuuf itti fayyadame inni guddaan saamicha qabeenya uumamaa geggeessuun ummata Oromoo baadiyyaa jiraatu goolii iyyummaa, beelaa, fi waraana keessaa burqaniif saaxiluun ummata miliyona hedduu lafa jireenyaa irraa buqqisuun ture. Bara 2008 – 2018 lafa qonnaan-jiraattotaa fi horsisee-bultootaa hektaara gara miliyoona 7 ol ta’u saamuun dureeeyyotaa hiraamuun ni dubbatama.. Akkasumas ummatoota daangaa Oromiyaa irra jiraatan hidhachiisuun ummata Oromoo irratti waraana bansiisuun ummanni miliyoona tokkoo ol buqifamee baqattummaaf saxilame. Golii kana meeshaa godhachuun adeemsa yeroo dheeraa keessa bifa biyya Oromoo roga-malee gochuun dhabamsiisuun sagantaa yeroo dheeraa mootummaan abbaa irree kun karoorse ta’uu isaa hubachuun nidanda’ama. Haa ta’u malee, roorroo baroota dheeraaf tooftaalee adda addaan mootummaan ADWUI irra aanuuf karoorfatee jalqabe kun Oromoon kallattii maraan qabsoo hadhooftuu akka finiinsu taasisee jira.

Qabsoo uummanni Oromoo finiinse kana keessatti shoorri artistootaa isa olaanaa ture. Fakkeenyaaf, artisti Ittiqaa Tafarii sirba isaa ‘Itti muddi’ jedhuun

...

Halagaa fira fakkaatee
Guyyaa nu saamuu dhufte
Fira fakkaatanii
Dha’anii biyyootti makanii

...

Walaloo sirbaa kanaa olii keessatti Halagaa fira fakkaatee kan jedhuu ‘Halagaan’ ABUTiin ‘Fira’ kan jedhu ammoo OPDO bakka bu’ee jira. Guyyaa nu saamuu dhufte (2) dhaaba uummata Oromoon bakka bu’a jedhee of waamu OPDO garuu uummata kana bakka bu’uu kan hindeenye, kan faayidaa uummata Oromoo hinkabachiisneen ofdura qabdee qabeenya Oromoo saamuu dhufte yaada jedhu agarsiisa. Diina ija jabinaan dhaaba biyya ittiin saamuuf ofii bixxilate ofdura qabee ija jabinaan saamichaaf dhufe akka michuutti itti dhiyaatanii awwaala tolchanii deebi’u malee irraa hin dheessan jechuun wallee isaatiin qabsoo finiinsuu keessatti qooda fudhatee jira.

Haaluma walfakkaatuun, artisti Hacaaluu Hundeessaas, sirba isaa ‘Masaan Gamaa’ jedhuu bara 2013 sirbeen saamicha qabiyyee lafa Oromiyaa warri ABUT taasisaan akka kanatti aanee jirutti ibsee ture.

...

Maasaan gamaa lafa hin baatu
Talbaa facaafata taati
Tokko nyaatee tokko hin taa’uu
Walgagalaafata taati

...

Waloon walaloo sirba isaa bo’oo ‘Maasaan gamaa lafa hin baatu’ (1) fi ‘Talbaa facaafata Taati’ (2) ‘jedhuu maasii qonnaan bulaa Oromoo irraa fuudhamee investarootaaf kennamee osoo irratti hinhojjetamiin akkasumaan lafa taa’aa jiru agarsiisa. Qonnaan bulaan akka hinqotanneed maqaa misooma invastimentiidhaan beenyaa gahaa malee dhiibbaadhaan lafa qonnaa isaa irraa buqqisan. Haata’u malee, lafti kunis misooma jedhameef hin oolle. Qonnaan bulaanis qabiyyee isaattis beenyaa isaattis fayyadamaa hintaane. Kanaaf, abbaan qabeenyaa (investerri) qarshii

isaatiin qonnaan bulaa qabiyyee isaa irraa ariisisee ofii jireenya qannoo jiraachaa uummata beelessuu hinqabu jechuun balaaleffannaa saamicha lafaa kana weelluu isaatiin ibsatee jira. Bo’oowwan “Tokko nyaatee tokko hin taa’uu” fi “Walgagalaafata taati” jedhaniin ammoo diddaa saamicha lafaa maqaa investmentiitiin geggeeffamaa jiru kanatu ibsame. Abbaan qabeenyaa waan qarshii qabuufi nyaatee bulee qonnaan bulaan qe’ee isaarraa buqqaafame hagabuu buluu hinqabuu jechuun diddaaf uummata kakaasuu isaa agarsiisa.

Yaada kana kan tumsu, Nasruu, (2019:120) Mallas Zeenaawwiin yeroo lubbuun jirutti kan labse diinagdee osoo hinto’atin olaantummaa siyaasa biyya tokkoo yeroo dheeraadhaaf qabatanii turuun ulfaataa ta’uu isaati. Jechi isaa, keessumattuu garee saba bicuu irraa ta’e kan akka ABUTf, sirriidha. Ilaalchi Mallas warra ABUT baay’ee kan jajjabeesse fakkaata. Fiigicha waldursanii dirree dinagdee to’achuutti isaan seensise. Warri ABUT ol’aantummaa diinagdee Mallas baanu akka argataniif waantoonni addaddaas hojjetamaa turaniiru. Siyaasa dhuunfatan itti gargaaramaa diinagdee dhuunfachuuf, waan maallaqa argamsiisu cufa harkatti galfachuuf waggoota hedduuf socho’aniiru.

Haaluma walfakkaatuun yaada olii kana kan tumsu Mekuria, (2016:16) imaammata sirna ADWUITiin uummanni Oromoo, uummatoota Itoophiyaan keessa jiran caalaa miidhameera. Sababni isaas ummanni Oromoo dangaa lafa isaa %60 ol ta’u oomisha dimshaasha biyyaa Itoophiyaa waan keessatti oomishamuufidha. Qonnaan bultoonni Oromoo harka %85 buna Itoophiyaa gara alaatti ergitu waan oomishaniifidha. Albuudaaleen kan akka warqii, pilaatniyeemii, tantaaliyeemii kaneen dinagdee Itoophiyaa keessatti gahee murteessaa qaban waan Oromiyaa keessaa oomishamaniifidha. Kanaafuu, caasaalee dimookiraasii jijjiiru jedhaman Itoophiyaa keessatti dadhabsiisuu, akkasumas, dhaabbiilee seeraa fi siyaasaa Oromoo gadi qabuun mootummaa to’achuun qabeenya dinagdee Oromiyaa fi kan biyyaa saamuudha.

Walaloo sirbaa kana irraas kan hubatamu, ADWUI qabeenyaa fi lafa Oromoo saamuuf tooftaa fi tarsiimoo garaa garaatti gargaarama kan ture ta’us, uummanni Oromoos bifuma walfakkaatuun diina ija jabinaan biyya isaa saamuu dhufe irratti kallattii garaagaraatiin qabsoo finiinsaa akka turanidha. Qaamolee qabsoo finiinsaa turan keessaa tokko artistoota Oromooti. Mormii uummanni Oromoo sirna ADWUI irratti taasisaa ture keessatti artistoonni adda durummaan

hirmaachaa turuu isaanii wallee isaaniirraa hubachuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, artisti Ittiiqaa Tafarii sirba isaa 'Dura bahaa!' jedhu bara 2017 sirbe isa tokkodha.

...

Waraabeettiin gara barii yuustee galuudha
 Kan nyaachaa bulte hanqatee maal dabaluudha
 Yuusa muddamaa yuuste natti hin fakkanne nagayaa
 Lubbuudhaan galuu hin qabdu
 Dura bahaa! .. Dura bahaa!

...

Walaloo sirba kanaa olii keessatti jechi 'waraabettii' jedhu hiikni kallatti isaa bineensa bosonaa miila afur qabu, halkan halkan qofa kan ba'u, du'aa fi fayyaa kan sooratudha. Hiikni fakkoommii jecha 'waraabettii' jedhuu gaggeessitoota sirna ADWUI bakka buufamee jira. Kunis, faayidaa fi dantaa dhuunfaa isaanii malee waa'ee uummataa dhimma isaanii kan hin taane saamicha qabeenya uummataa fi mootummaa raawwatan fi sirna nama nyaataa ta'uu isaanii agarsiisa. Jechi 'yuustee' jedhus sagalee waraabessi yeroo muddamu dhageessisu yemmuu ta'u fakkoommiin isaas dhiphinaa fi wawwaannaa geggeessitoonni sirna ADWUI yeroo kallattii garaa garaatiin fincilli itti ka'e agarsiisan ibsuuf barbaadameeti. Kunis kan inni agarsiisu, gidiraa fi miidhaa hamaa ummata Oromoo irraan gahaa turan irraa ka'uun, mormiin itti hammaachaa waan dhufeeff, gaggeessitoonni sirnichaa sagalee uummataa uukkamsaanii turuu akka hin dandeenyeef waan mirkaneeffataniif, muddamuun karaa midiyaa isaanii bahanii sagalee isaanii dhageessisan gara dhufanitti deebi'uuf abdii kutaachuu isaaniiti. Uummata Oromoo yeroo dheeraa lafa fi qabeenya isaa irraa buqqisanii saamicha raawwata turani osoo isaani hin hanqatiin mormiin ummata sadarkaa isaan muddu irra waan gaheef, sagalee ijibbaataa dhageessiisuu isaanii mul'isa. Gocha suukanneessaa uummata irratti raawwachaa turteef itti gaafatamummaa seeraa jalaa akka hinbaane waan hubatteef, hamma saamtee saamte lubbuun galuuf kaatee jirti waanta'eef, uummanni dura goruun ugguree seeratti akka dhiyeessachuu qabu hubachiisa.

Yaada kana kan cimsu, Nasruu (2019,f. 140) qabeenya uummataa saamuu fi saamsisuu keessaa irra caalaa kan harka qabu hooggantoota jaarriya biyya bulchuu sadarkaa addaddaa irra jiranidha. Kan saamamu qabeenya uummataati. Akaakuun saamichaa geggeeffamaa tures: seektera dinagdee ijoo ta'an dhuunfachuu, innis, karaa dhaabbilee Gunaa, Masooboo, Tiraansi, fi kkf;

meeshaa fi tajaajila laatamu irratti gatii barbaadan qabachuu, bittaa fi gurgurtaa dhaabbilee mootummaa waliin taasifamu caalbaasii malee ykn malaanmaltummaan injifachuudha. Akkasumas, qabeenya uummataa maqaa piraayvetaayzeshiiniitiin gatii du'aadhaan fudhachuu, maqaa investimentiin, lafarra kan hinjirreen, qonnaan bulaa Oromoo buqqisaa lafasaa qooddachuu ture. Gochi kun hunduu kufaatii diinagdee biyyattiitiif sababa guddaa ture.

Walaloo sirbaa kanaa olitti dhiyaate irraas kan hubatamu, geggeessitoonni sirna ADWUI qabeenya Oromoo dirii saamichaa garaa garaa diriirsuun saamanii biyya isaanii Tigraayiin misoomsaa akka turanidha. Kana malees, gaafa fincilli uummataa itti hammaattu ammoo waan fudhatanii ba'uuf walitti qabatan uummanni fincila finiinsuun ugguree seeratti akka dhiyeessisatuuf kan kakaasu ta'uu isaati.

ARGANNOO FI GOOLABA

ARGANNOO

Akka ragaaleen qorannichaa xiinxala irraa agarsiisanitti, artistoonni walaloo sirboota siyaasaa Oromoo sirna ADWUI keessa sagalee fi suursagaleen maxxansiisanii sirbaa turan keessatti miidhaa sirni ADWUI uummata Oromoo irraan gama siyaasaa, hawaasummaafi dinagdeetiin gahaa ture agarsiisaniiru. Dhiibbaa gama siyaasaatiin sirni ADWUI uummata Oromoo irraan ga'aa ture artistoonni iddattoo qorannoo kanaa ta'anii filataman haala kanatti aanee jiruun walaloo sirbootaa isaaniitiin ibsaniiru:

- Sirni ADWUI akkuma sirnoota Itoophiyaa bulchaa turan duraanii uummata Oromoo ofjalatti cabasanii bulchuudhaaf jaarriyaa siyaasaa Oromoo diiguun dhabamsiisuun Oromoo dirree siyaasaa irraa fageessaa akka turan walaloo sirbootaa isaaniitiin agarsiisaniiru.
- Inni biraan, artistoonni Oromoo dhiibbaa siyaasaa sirnichaan uummata Oromoo irratti geggeeffamaa ture sana uummanni Oromoo dura dhaabbachuun diddaa isaa akka ibsatuuf walaloo sirbootaa isaaniitiin uummata kakaasaa akka turan ni agarsiisa.
- Kana malees, artistoonni Oromoo walaloo sirbootaa isaaniitiin Oromoon qabsoo falmii aangoo gonfachuu fi bilisummaa akka finiinsuuf sirboota isaaniitiin uummata dadammaksaa akka turanillee ragaalee qorannichaa irraa hubachuun nidanda'ama. Haaluma kanaan, qabiyyeen walaloo sirboota isaanii bal'inaan kan inni irratti xiyyeeffatu

ummanni Oromoo mirga abbaa biyyummaa (mirga ofiin ofbulchuu, mirga hiree ofii ofiin murteeffachuu, mirga qabeenya isaatti fayyadamuu) isaa irratti falmii inni taasisaa ture agarsiisu.

Akka ragaan qorannoo kanaa agarsiisutti, dhiibbaa hawaasummaa sirna ADWUItiin uummata Oromoo irra ga'aa ture artistoonni sirboota siyaasaa Oromoo walaloo sirboota isaaniitiin ibsaa turaniiru. Dhimmoota isaan ibsaa turan keessaa ijoowwan kanneen armaan gadiiti:

- Lammiileen Oromoo dhiibbaa hawaasummaa sirna ADWUI tiin isaanirra ga'aa ture irraa kan ka'e gara biyya hambaatti godaanuun rakkoo fi gidiraa adda addaatiif saaxilamaa turuu isaanii, akkasumas,
- Haala jiruu fi jireenyaa ummata Oromootti hadheessuu: gaaffii uummataa ukkaamsuu, sodaachiisuu, hidhuu fi ajjeesuun qe'ee isaa irraa buqqisuun abbaa irrummaa isaa fi umurii aangoo isaa dheereffachuuf uummata dararaa kan ture ta'uu isaa walaloo sirbootaa isaaniitiin ibsaniiru. Haata'u malee, Ummanni Oromoo dararaa fi hiraarfama mootummaa abbaa irreettiin isaanirratti ta'aa ture hunda dandamachuun qabsoo finiinsaa kan turan ta'uu isaanii walaloo sirbootaa isaaniirraa hubachuun danda'ameera .

Kana malees, walaloo sirbootaa xiinxalaman irraa miidhaa siyaas-dinagdee sirni ADWUI uummata Oromoo irraan ga'aa tures artistoonni haala kanatti aanee jiruun agarsiisaniiru.

- Sirni ADWUI kun bifa qindaa'een Oromoo qabiyyee lafaa isaa irraa buqqisuun qabeenyaa fi lafa isaa saamuun uummata Oromoo jireenya hiyyummaa fi gadadootiif kan saaxilaa ture ta'uu isaa artistoonni walaloo sirbootaa isaaniitiin ibsaniiru.
- Saamicha lafaa maqaa magaalaa Fifinnee babal'isuu jedhuun Oromiyaa irratti geggeeffamaa turee fi warra saamichi kun ta'uu hinqabu jedhanii mormaa turan irratti tarkaanfii mootummichi fudhataa ture artistoonni sirboota isaaniitiin ibsaniiru.
- Rorroo baroota dheeraaf toftaalee adda addaan sirni ADWUI irra aanuuf karoofatee jalqabe kun Oromoon kallattii maraan qabsoo hadhooftuu finiinsuun dura dhaabbatee karoora mootummichaa danquu danda'uu isaanii qabiyyee walaloo sirbootaa isaaniirraa hubachuun danda'ameera.

GOOLABA

Artistoonni walaloo sirboota siyaasaa Oromoo yeedaloo fi jechoota kaka'umsa namatti horan gargaaramuun cunqursaa fi roorroo sirna ADWUItiin ummata Oromoo irra ga'aa ture ibsuu keessatti gahee olaanaa taphataniiru. Akkasumas, dammaqina siyaasaa fi aadaa isaa ol kaasuun,

qabsoo sabaa hiree murteeffannaa, bilisummaa, fi bilisummaatti akka hirmaatan jajjabeessuun dameelee hawaasa Oromoo adda addaa kakaasanii diddaa siyaasaa mootummaa abbaa irree dura dhaabbatanii karaa walaloo sirboota isaanii onnachiisaa turaniiru. Artistoonni sirboota siyaasaa Oromoo uummanni dammaqee mootummaa garboomfataa sirnichaa akka fonqolchuuf akka xiinxaltoota siyaasaatti siyaasa sirna darbe seenessuun, isa ammaa qeequun isa fuunduraa raaguun sammuu uummata Oromoo keessatti hubannoo guddaa uumaniiru.

Walumaagalatti, qabiyyeen walaloo sirboota siyaasaa Oromoo sirna ADWUI keessa sagalee fi suursagaleen maxxanfamanii sarbamaa turanii dhiibbaa sirnichaan uummata Oromoo irra gama siyaas-hawaasummaa fi siyaas-diinagdeetiin gahaa ture kan agarsiisudha. Kana malees, qabsoo diddaa siyaasa sirna ADWUIitiif uummata Oromoo kakaasaa kan turan ta'uu isaanii qabiyyeewwan walaloo sirbootaa xiinxalamanirraa hubachuun danda'ameera.

Gahee Barreessitootaa

Qorattuun lakkoofsa tokkoffaa/jalqabaa/ ragaalee sassaabuun xiinxaluun qorannicha kan adeemsistee fi adeemsa maxxansaa raawwachuuf kan deemtu yoo ta'u, qorattoonni lakkoofsa lammaffaafi sadaffaa irratti eeraman ammoo adeemsa qorannichaa keessatti qorattuu tokkoffaa gorsuufi qajeelchuun gumaachaniiru.

Madda Baajataa: Yuunivarsiitii Wallaggaa

Ibsa Waa'ee Barreessitootaa

Ilfinash Qinaaxxii, Yuunivarsitii Wallaggaatti barsiistuu Afaaniifi Ogbarruu Oromoo yoo taatu, yeroo ammaa Barnoota Afaaniifi Ogbarruu Oromoon Yuunivarsitii Wallaggaatti digirii sadaffaa barachaa jirti.

Ashannaafii Balaay (Tumsaa Piroofeesaraa), Muumee Afaan Ingiliziifi Ogbarruu, Yuunivarsiitii Jimmaa)

Waaqtolaa Wakjiraa (Gargaaraa Piroofeesaraa), Yuunivarsitii Wallaggaa Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromootti barsiisaa, gorsaafi qorataadha.

WABIILEE

Amnesty international. (2017). The state of the world's human rights, the amnesty international report 2017/18

- Ethiopia. <https://www.amnesty.org> [guyyaa marsariitii irraa fudhatame 18/2/2018]
- Asafa Tefera (2004). *Theorizing the Present: Toward a Sociology of Oromo Literature*. Addis Ababa: Branna Printing Press.
- AssefaTefera. (2015). “Ethnography of Resistance Poetics: Power and Authority in Salale Oromo Folklore.” PhD. Dissertation, Folklore, Indiana University.
- B.B.C. Afaan Oromoo, (2018). Afaaaffii artisti Ilfinash Qannoo waliin taasifame. Adooleessa 4, 2018 marsariitii <https://www.bbc.com/afaanoromoo/44701243> kan gad lakkifame.
- Demitu Argo. (2008). Oromo Arts as Political Resistance. *Journal of Oromo Studies*
- Diribii Damusee. (2016). *Ilaalchaa Oromoo*. Barroo Amantaa, Sirna Bulchiinsa fi Seenaa Oromoo. Hagayya. Finfinnee.
- Finnegan. (1970). *Oral Literature in Africa*. Nairobi: Nairobi University press.
- Human Rights Watch. (2016). “Such a Brutal Crackdown” Killings and Arrests in Response to Ethiopia’s Oromo Protests. Accessed June 15, 2016 <https://www.hrw.org/report/2016/06/16/such-brutal-crackdown/killings-and-arrests-response-ethiopias-oromo-protests>
- Malkamuu Jaatee.(2020). Adeemsa qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti warraaqsa Dhalatanii galma hankaakan/hanqatan (1870 – 2020) April 15, 2020
- Mekuria Bulcha. (2016). *From a Student Movement to a National Revolution—A Struggle with an Independent Oromo State Insight*. The Oromo Studies Association (OSA) 2016 MidYear Conference, London School of Economics on April 2 – 3, 2016[2]
- Nasruu Hasan Korroosoo. (2019). *Siyaasa Oromoo*. Imala Obsa Fixachiisaafi Hegeree Abdachiisaa IBSN: 978-1-6470-6007 Amsterdam, Netherlands.
- Rosenthal, R., & Flacks, R. (2012). Chapter 4: The audience and reception. *Playing for Stage publications*: London
- Tesfaye Tolessa Bessa. (2013). A History of Oromo Cultural Troupes (1962-1991). *Star Journal: Science, Technology and Arts Research Journal*, Jan-Mar 2013, 2(1): 86-94. <https://www.starjournal.org> [Accessed on Nov, 18, 2018]
- Tuohy and Sue. (1991). Cultural Metaphors and Reasoning: Folklore Scholarship and Ideology in Contemporary China. *Asian Folklore Studies* 50(1): 189-222.